

ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 02/12/2015

Date: _____

تاريخ

Lakk.: 14 stm - abo/2015

No.: _____

رقم

IBSA WALGAHII KHR-ABO (Muddee 01, 2015)

Koreen Hoji-raawwachiiftuu Adda Bilisummaa Oromoo Sadaasa 22- 30, 2015tti walgahii dhaabbataa gaggeeffatuun teessuma isaa milkiin xumurate.

Walgahii kana irratti gabaasaan WHD kan haala yeroo waliigalaa fi adeemsa qabsoo keenyaa ibsu dhihaatee jira. Kana malees gabaasaan KQKS fi dameelee dhaabaa hojii raawwatame irratti gabaasaa isaanii dhiheessan. Gabaasaalee dhihaatanis KHR-ABOn bal'inaan ilaalaman.

Haalli Itiyoophiyaa, gaanfa Afrikaa fi Addunyaa bal'inaan kan xiinxalame oggaa tahu, addatti ammo haallan wayta ammaa Empaayera Itophiyaa keessatti mul'ataa jiran qabsoo keenya caalaatti finiinsuuf aanjaa qabaatuun hubatame.

Qabsoo Bilisummaa Oromoo caalaatti jabeessuun kan dana'amu firaa fi tumsa qabsoo horatuun tahuun hubatamaa dha. Waan taheef kan jiru jabeeffataa qabsoo keenyaaf firaa fi tumsa horatuu irratti akka hojjetamu,

Haalli jaarmaa ABO yeroo ammaa fi haalli hooggana ABOs walgahii kana irratti ilaalamee hir'innii fi laafinni mul'atu sirreeffamee caasaan Dhaabaa martinuu dirqama ofii gahummaan akka bahatu taasisuu irratti akka fuulleeffatamu, Walgahiin KHR ABO gochaa gara-jabinaa mootummaan TPLF/EPRDF ummata Oromoo irratti itti fufiinsaan Oromiyaa mara keessatti raawwataa jiru daran babal'atee akka itti fufee jirus hubate.

Ummata keenya qe'ee isaa irraa buqqaasuu, lafa isaa gurguratu, karoora “*master plan*” jedhuun Oromummaa irratti shirri xaxamaa jiru, eenyummaa fi aadaa ummata Oromoo balleessuu fi Oromiyaa cicciruu irratti kan xiyyeeffate dha. Kanatti dabalee barattoota mirga isaanii falmachuuf nagaan hiriira bahan rasaasaan fixuu, hidhuu fi barnoota irraa ari'uun dalagalee diinummaa ifatti raawwatamaa jiran keessaa hanga tokko. Sochii barattoota Oromoo irratti dhumiinsi barattoota irratti raawwatamaa jiru ABO jabeessee balaaleffataa, ummatni keenya dhumiinsa ilmaan isaa irra gahaa jiru kana dhaabsisuuf ilmaan isaa cinaa hiriiruun falmaa akka jabeessu ABO hubachiisa.

Ummatni keenya sababa hongeen miidhamaa akka jiru ifatti osoo mul'atuu fi addunyaan arguu, akkuma mootummoota isa dura turanii, beelli kan hin jirre fakkeessuu fi kan gargaaraa jiru fakkaatee dhihaatuun hubamni ummata keenya irraan geessisaa jiru diinummaa isaa kan mul'isu gochaa gara jabinaa ti.

Waan taheef ABOn hammeenya gara jabinaa fi diinummaa kana kan of irraa qolatuun danda'amu qabsoo bilisummaa jabeessuu qofaan waan taheef sabni Oromoo kana hubatuun bakka jiru hundatti qabsoo bifa hundaa keessatti hirmaatnaa isaa akka guddisu,

Mootummaan TPLF/EPRDF filannoo kijibaa geggaaffateen % 100 mo'adhe jedhee labsatuun kan qaani hin beekne tahuu qofa osoo hin taane farra sirna dimokraatawaa tahuu isaa caalaatti mirkaneessa. Kanaaf haala kana hubatuun KHR-ABO waamicha armaan gadii dabarsa.

Miseensota ABOf:

Har'a roorroon dorgomaa hin qabne ummata keenya irratti raawwatamaa jiru qabsoon alatti furmaata kan hin arganne tahuu hubachuun biyya keessaa fi alatti diddaa fi fincilaan diina sarduu irratti argama. Waan taheef socho'iinsa ummata keenyaa kana milkeessuuf, gufuulee qabsoo of duraa maqsaa QBO finiinsuuf morannoo fi of kenniinsaan saba keef fakkeenya akka taatu ABO hubachiisa. Tokkummaa qabsaawotaa fi hamilee qabsoo Dhaaba keenya keessatti mul'achaa jiru jabeeffataa gamnoomaan diinaa fi kittillayyoota diinaa jilbeenfachiisuuf morannoon qabsa'i. Gurmuu WBO gabbisuu fi bobbaan isaa babal'atee diinaa fi lukkeelee nyaaphaa mancaasuu fi adabuutti akka milkaawu hunduu WBO cimsuuf waan irraa eegamu haa raawwatu.

Ummata Oromoof:

Roorroo alagaa of irraa gatuun mirga kee tahuu beekuun falmaa fi fincila geggeessaa jirtu ABOn ni dinqisiifata. Sadarkaa murannoo fi dammaqinsi ummata keenyaa irra gaheen is ni boona. Fincilli itti jirtu kan inni milkaa'u danda'u osoo addaan hin kutiin itti fufiinsaan geggeessuu, osoo wal hin bubuusiinii fi wal irratti hin ilaaliin waliin ka'uun tahuu hiree kanaan yaadachiisuu fedha.

Gabroomfataanis tahe mootummaan abbaa irree ummata bal'aa mo'achuu kan hin dandeenye tahuu seenaan ni dhugoomsa. Kanaaf baay'ina waraanaa ilaaltee of booda hin jedhiin. Jabinni ati agarsiistuu fi wareegamni baastu ilmaan kee filmaata dhabuu fi dirqamanii mootummaa waliin jiran osoo hin hafiin siif dirmachiisuu akka danda'u hin dagatiin. ABOnis waan hundaan si waliin jira waan taheef diddaa kee cimsii itti fufi.

Diinni keenya duula ifaa geggeessutti dabalee tooftaa gara garaa baafatuun tokkummaa keenyaa diiguuf abbala. Dantaa yeroo fi abdii hin guutamneen lammii keenya hawwatee ofcinaa hiriirsuuf dhama'a. Addatti ammo Oromoota ala jiran maqaa *investment* jedhuun ofitti qabee mootummaa dimokraatawaa of fakkeessuuf yaala.

Waan taheef shira diinaa kana irratti dammaqnee xiqqeenyaa fi salphina ummata keenya irra gahaa jiru hambisuuf qooda lammummaa keenya haa bahatnu.

Ilmaan Oromoo haala jiruun dirqamtanii bulchiinsa diinaa jalatti hojjechaa jirtan roorroo diinni saba keessan irraan gahaa jiru callistanii ilaalu dadhabuu irraa mormiin agarsiisaa jirtan dhaabaa fi ummata keessan biratti jaalalaa fi kabajaa isiniif argamsiisaa jira. Dhugaa mul'ataa kana hubatuun kanneen Waajjiraalee mootummaa adda addaa, humna waraanaa, poolisaa fi tikaa keessatti argamtan hundi bakka jirtanitti walgurmeessuun ummata keessan bira dhaabbachuu keesan akka itti fuftanii fi falmaa geggeeffamaa jiru keessatti qooda keessan ol kaaftan ABOn waamicha isaa isiniif dabarsa.

Tokkummaan Ummata keenyaa fi humnoota qabsoo Oromoo mul'ataa jiru gammachiisaa dha. Kun daran cimee akka itti fufuu, hundis diina irratti akka fuulleffatu yaadachiisa.

Ummatoota Ollaaf:

ABOn hundeeffama isaa irraa jalqabuun ummatoota ollaa Oromoo cunqursaa alagaa jalatti argaman waliin hariiroo fi tumsa qabsoo uummatee gabrummaa fi cunqursaa dhabamsiisuuf tattaafataa har'a gahe. Kanas Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(TUBD) jedhuun dhugoomsuun injifannoo hin tuffatamne galmeessee jira.

Kana caalaatti jabeessuu fi fuula dura furgaasuun barbaachisaa waan taheef, diina waloo irratti waloon akka qabsoofnu ABOn waamicha isaa ummatoota cunqurfamoo maraa fi jaarmayoota siyaasaa ummatoota cunqurfamoof falmaniif dhiheessa. Mootummaa gabroomfataan sobamanii ummata ollaa ofiitti duuluun diina malee ummatoota cunqurfamoo kan hin fayyadne tahuu hubachiisuu barbaada.

Kanneen haqa ummataaf dhaabbatan maraaf:

Qabsoon ABOn durfamu roorroo ummata Oromoo irra gahaa jiru dhabamsiisuun bilisummaa fi dimokraasii waaraa argamsiisuu kan akeekate malee mirga ummatoota biroo sarbuu irratti kan xijyyeeffate miti. Mirga uumaa fi seeraa ummata ofiif falmuun ammo haqaa fi mirga waan taheef kanneen haqaaf dhaabbatan hundi akeeka ijaaraa kana tumsuu fi jajjabeessuun gochaa eebbifamaa tahuu ABO hubachiisuu fedha.

Waan taheef ummattoonni, jaarmoleeni fi mootummoonni dhihoo fi fagoo gochaa ummata keenya irratti raawwatamu argaa jirtan, qabsoo haqaa ummata Oromoo cinaa akka dhaabbattan, Miidhaa fi saamichi TPLF/EPRDFn ummata keenya irratti raawwatamus akka dhaabamuuf, mootummaa farra ummatootaa kana gargaaruu fi tinnisuu akka dhaabdan ABOn waamicha isaa dabarsa.

Dhuma irratti, gochaan har'a mootummaa TPLF/EPRDF kan aangoo irratti argamuun saba Oromoo irratti raawwatamaa jiru kan mootummoota duraanii, keessattuu kan Milnikiin, addummaa tokko akka hin qabne ifa bahee mul'ataa jira. Gochaa boodessaa fi hammeenya isaan hiriya hin qabne kana dura dhaabbachuuf ilmaan Oromoo wareega gaafatu hunda baasuu fi bifa barbaachisu maraan dura dhaabbannee hongeessuuf qophii tahuu keenya firaa fi diinaaf mirkaneessaa, Mootummichi roorroo jibbisiisaa itti jiru akka dhaabu cimsinee dinniinna. Imaammataa fi karoorri mootummaan Itiyooophiyaa kallattii gara garaan balfuu fi balaaleffachuu bira dabree hongeessuuf qabsaawuu irraa gonkumaa kan of-duuba hin deebine tahuu keenya diinaa fi jala kaattota nyaaphaa gadi jabeessinee hubachiifna.

Injifannoo Ummata Oromoof!!
Adda Bilisummaa Oromoo
Muddee 01, 2015